


BARNOOTA HERREGAA

KUTAA 2

462



$$11 + 9$$

$$11 - 9$$

$$5 \times 6$$

$$8 \div 2$$



$$4 \times 1$$



$$4 \times 2$$

KITAABA BARATTOOTAA

Akkaataa Qabannaa Kitaaba Barattootaa.

Kitaabni kun qabeenya mana barumsa keetii yemmuu ta'u, dhaloonni dhufee darbu kan itti gargaaramudha. Kanaaf akka miidhaan irra hin geenye cimsii eeggadhu. Kitaaba kana haala gaariin qabachuuf eeggannowwan armaan gadii fayyadami.

1. Kitaabicha gaazexaan ykn pilaastikaan aguugi.
2. Kitaabicha yeroo hundaa bakka qulqulluu ta'eefi jiidhinni hin jirre kaa'i.
3. Kitaabicha yeroo hundaa harka qulqulluutiin qabadhu.
4. Alaafi keessa isaatti hoomayyuu hin barreessiin.
5. Bakka booda banachuu barbaadde fuula isaa qabadhu ykn waraqaa gabaabduu keessa kaa'uun mallattoo taasifadhu.
6. Fakkiifi fuula kitaaba kanarra jiru gonkuma kutuun hin danda'amu.
7. Fuulli tarsa'e yoo jiraate happee ykn pilaasteriin walqabsiisi.
8. Yeroo kitaaba kana gargaaramtu hunda haala kitaabichi hin miidhamneen qabadhu.
9. Kitaaba kana yeroo namaaf kennitus ta'e fudhattu eeggannoo barbaachisaa ta'e godhi.
10. Kitaaba haaraa kana jalqabaaf yeroo gargaaramtu fuula jalqabaa suuta saaquu qabda. Of eeggannoo cimaa gochuun itti gargaarami.

BARNOOTA HERREGAA KITAABA BARATTOOTAA

KUTAA 2

Qopheessitootaa

Addunyaa Baqqalaa Adaree (MSc)

Dachaasaa Margaa Foolii (BSc)

Yifaat Simee Damissee (BSc)

Gulaaltootaafi Madaaltoota

Firoomsaa Namarraa Biduu (MSc)

Tashoomaa Daggafaa Galaalchaa (MA)

Qindeessaa

Roobii Waamii (MA)

Saxaaxa :

KOLLEEJII POOLIITEEKNIKAA INXOOXOO

**ADOOLESSA 2022
FINFINNEE, ITOOPHIYAA**

Maxxansa

© Mirgi maxxansaa guutummaan guutuutti seeraan eegamaadha. Guutuu ykn qaama maxxansa kanaa haalaafi bifa kamiiniyyuu, jechuun elektirooniksiin, footokoppiidhaaniifi waraabbiidhaan heyyama biiroo barnoota bulchiinsa magaalaa finfinnee maxxansiise malee haala birootiin dabarfamuun dhorkaadha.

Galata

Qophii Kitaaba Barnootaa kana jalqaba irraa kaasee bifa adda ta'eefi fakkeenyummaa qabuun akka hojjatamu muuxxanoofi gahumsa geggeessummaa olaanaa qabaniin yaada marii burqisiisuu, yaada fooyyaa'a qophii kana milkeessu dhiyeessuun yeroo jalqabaatiif akka Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti kitaabni barnootaa barsiisotaan akka qophaa'u murteessuu, baajeta eeyyamsiisuufi naamusa gaariidhaan hoogganamee akka xumuraaf gahu kan taasisan Hoogganaa Biiroo Barnoota Bulchiisa Magaalaa Finfinnee **Dr. Zalaalam Mulaatuu** galata guddaatu isaaniif mala.

Hojiin keenya akka milkaa'uuf Yeroo hundumaa hooggansa kennuu, rakkoowwan numudatan battalatti furuu, raawwii qophii kitaabaa hordofuufi gamaaggamuun nu jajjabeessaa kan turan Itti Aanaa Hoogganaa Biiroo Barnootaa fi geggeessan Sirna Barnootaa *Obbo Adimaasuu Dachaasaa*, Hoogganaa I/A Biiroo *Obbo Saamson Mallasee*, Hoogganaa I/A Biiroo *Obbo Daanyoo Gabruu* I/G/Waajjira Biiroo *Obbo Sisaay Indaalee*, Gorsituu waliigalaa Hoogganaa Biiroo *Addee Abbabach Nagaashfi* Gorsaa Teekinikaa *Obboo Dastaa Marshaa* gahee ijoo ta'ee ba'achuun xiyyeeffannoo hojichaaf kennanii nu bira dhaabbachuun nu jajjabeessaafi rakkoof furmaata kennaa waan turaniif galatatu isaaniif mala.

Dhuma irratti qophii kitaaba barataafi qajeelcha barsisaa jalqabaa hamma dhumaatti deeggarsa barbaachisu gochuun hojiin kana caalu hin jiru jechuun milkaa'ina agramme kan tumsan *Hooggantoonni manneetii Barnootaa Magaalaa Finfiinee* galata qabdu.

Qopheessitoota Kitaabaa

BAAFATA

QABIYYEE

FUULA

BAAFATA.....	I
BOQONNAA 1	1
LAKKOOF SOTA HUNDAA HANGA 1000tti.....	1
1.1 100'n lakkaa'uu	2
1.2 Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti.....	4
1.3 Gatii Bakkaa Lakkoofsota hundaa Hanga 1000tti jiran	8
1.4 Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti jiran Tartiibessuufi	
Waliin Madaaluu.....	11
BOQONNAA 2	18
LAKKOOF SOTA HUNDAA DIJITII SADII QABAN.....	
IDA'UU FI HIR'ISUU	18
2.1 Ida'uu Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti.	19
2. 2 Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti Jiran Hir'isuu.....	28
2.3 Piroobileemota jechaa Ida'uu fi Hir'isuu	35
BOQONNAA 3	39
LAKKOOF SOTA HUNDAA BAAY'ISUU FI HIRUU	39
3.1. Lakkoofsota Hundaa Hanga 100tti Jiran Baay'isuu.....	40
3.2 Lakkoofsota Hundaa Hanga 100tti Jiran Haftee Malee Hiruu	55
BOQONNAA 4	63
WALAKKOOTAA FI KURMAANOOTA.....	63
4.1 Walakkaawwan	64
4.2 Kurmaanota	67
BOQONNAA 5	73
WALAKKOOTAA FI KURMAANOOTA.....	73
5.1 Ramaddii irra Deddeebii.....	74
5.2 Elementoota (Miseensota) irra Darbaman.....	78

BOQONNAA 6	82
SAFARTOOWWAN DHEERINAA, HANGAA FI HAMMAA	82
6.1 Saantimeetira fi Meetiraan dheerina Safaruu	83
6.2 Dheerina Yuunitii Walfakkaatan Ibsaman Ida'uu fi Hir'isuu.....	85
6.3 Hanga Giraamii fi Kiiloogiraamiin Safaruu.....	86
6.4 Hanga Yuunitii Walfakkaataan Ibsaman Ida'uu fi Hir'isuu	88
6.5 Hamma miliiliitiraa fi liitiraan agarsiisuu	90
6.6 Hamma yuunitii walfakkaataan ibsaman ida'uufi hir'isuu	92
BOQONNAA 7	95
QABANNAA DAATAA	95
7.1 Daataa Funaanuu.....	96
7.2 Giraafii kennaman irraa daataa Qoqqooduu.....	102
7.3 Wantoota fayyadamuun daataa qindeessuu	105
BOQONNAA 8.....	108
DANAALEE JI'OOMEETRII.....	108
8.1 Danaalee Diriiroo Ijaan Ilaaluun Gartuu Gartuun Ramaduu:.....	109
8.2 Danaalee ji'oomeetirii rogoota fi verteksota isaanitiin ibsuu.....	111
8.3 Danaalee walfakkaatoo Hammaan waliin madaaluu.....	115
8.4 Danaalee jajjaboo addaan baasuu.....	117
BOQONNAA 9.....	120
MAALLAQA ITOOPHIYAA.....	120
9.1 Maallaqaa Itoophiyaa Ida'uu fi Hir'isuu.....	121
9.2 Bittaa fi gurgurtaa keessatti gahee maallaqni taphatu.....	127
9.3 Piroobileemoota jechaa maallaqaan walqabatan furuu.....	129
BOQONNAA 10.....	131
YEROO ITOOPHIYAA.....	131
10.1 Safara Ammayyaa kan yeroo Fayyadamuun Sa'aatii, Walakkaa.....	
sa'aatii fi Kurmaanan sa'aatii naanna'uufi sa'aatii dijiitaalaa ibsuu.....	132
10.2 Sa'aatii fi Daqiiqaa.....	136
10.3 Piroobileemota jechaa yeroon walqabatu.....	137

BOQONNAA 1

LAKKOOF SOTA HUNDAA HANGA 1000tti

SEENSA

Barnoonni jijjiirrama yaad-qalbii ilma namaa guddisuufis ta'ee guddina biyya tokkoof murteessaa ta'uu isaa kan nama shakkisiisuu miti. Boqonnaa kana keessatti barattoonni lakkoofsota hundaa hanga 1000tti jiran lakkaa'uu, dubbisuu, barreessuu, tartibeessuu, waliin madaaluu fi gatii bakkaa lakkoofsota dijiitota sadii qaban addaan baasuu baratu.

Bu'aa eeggamu: - Xumura qabiyyee barnoota kanaa booda, barattoonni:

- Wantoota osoo hin tartiibessiin baay'ina isaanii ni hubatu.
- Lakkoofsota hundaa Hanga 1000tti ni tartiibessuu, waliinis ni madaalu.
- Gatii bakkaa lakkoofsota addaan ni baasu

Qabiyyeewwan

1.1 100'n lakkaa'uu

1.2 Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti

1.3 Gatii Bakka Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti Jiran

1.4 Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti jiran Tartiibessuu fi Waliin Madaaluu

1.1 100'n lakkaa'uu

Gocha 1.1

1. Daree keessaatti lakkoofsota armaan gadii dubbisi.

a) 200, 500, 700 fi 900

b) 300, 400, 800 fi 600

2. Gabatee armaan gadii keessatti baay'attoota dhibbaa hafan jechaan barreessi

Lakkoofsaan	Jechaan
$100 \times 1 = 100$	Dhibba tokko
$100 \times 2 = 200$	Dhibba lama
$100 \times 3 = 300$	Dhibba sadi
$100 \times 4 = 400$	Dhibba afur
$100 \times 5 = 500$	
$100 \times 6 = 600$	
$100 \times 7 = 700$	
$100 \times 8 = 800$	
$100 \times 9 = 900$	
$100 \times 10 = 1000$	

3. Lakkoofsota armaan gadii dhibba dhibbaan diddiriirsuun mul'isi.

a) $300 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}}$


b) $600 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}}$

c) $800 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}}$

Hubachiisa: Dhibbaan lakkoofsota lakkaawwii baay'isuun firiin argamu baay'attoota dhibbaa ti.

Baay'attoota dhibbaa hanga 1000 kan ta'an: 0, 100, 200, 300, 400, 500, 600, 700, 800, 900 fi 1000 dha.

➤ Baay'attoota 100 hanga 1000tti jiran xiyya lakkoofsotaan yemmuu agarsiisnu :-



Fakkeenya1: Diddiriirsuun baay'attoota 100 barbaadi.

a) $100 \times 2 =$ _____

Furmaata:-a) $100 \times 2 = 100 + 100 = 200$

Kanaafuu 200 baay'ataa 100 ti.

b) $100 \times 5 =$ _____

Furmaata: - b) $100 \times 5 = 100 + 100 + 100 + 100 + 100 = 500$

Kanaafuu 500 baay'ataa 100 ti.

Fakkeenya 2 Lakkoofsota baay'attoota 100 bakka walqixaa lamatti diddiriirsi.

a) $200 = 100 + 100$

b) $600 = 300 + 300$

Gilgaala 1.1

1) Kanneen jechaan kennaman lakkoofsaan barreessi.

a. Dhibba sadii = _____

d. Dhibbaa tokko = _____

b. Dhibba jaha = _____

e. Kuma tokko = _____

c. Dhibba saddeet = _____

2) Lakkoofsota armaan gadii jechaan barreessi.

a) $200 = \underline{\hspace{2cm}}$

c) $900 = \underline{\hspace{2cm}}$

b) $500 = \underline{\hspace{2cm}}$

d) $400 = \underline{\hspace{2cm}}$

3) Akkaata kenname hubachuun bakka duwwaa guuti.

0	100			400				800		
---	-----	--	--	-----	--	--	--	-----	--	--

4) Kanneen armaan gadii shallagi.

a) $100 \times 1 = \underline{\hspace{2cm}}$

e) $100 \times 8 = \underline{\hspace{2cm}}$

b) $100 \times 3 = \underline{\hspace{2cm}}$

f) $100 \times 9 = \underline{\hspace{2cm}}$

c) $100 \times 6 = \underline{\hspace{2cm}}$

g) $100 \times 10 = \underline{\hspace{2cm}}$

d) $100 \times 1 = \underline{\hspace{2cm}}$

5) Baay'atoota 100 armaan gadii bakka walqixaa lamatti qooduun diddiriirsi.

a. $100 = \underline{\hspace{2cm}} + \underline{\hspace{2cm}}$

c. $800 = \underline{\hspace{2cm}} + \underline{\hspace{2cm}}$

b. $400 = \underline{\hspace{2cm}} + \underline{\hspace{2cm}}$

6) Ayyaantuun abbaa ishee irraa qarshii 100 fi haadha ishee irraa qarshii 200 yoo fudhatte. Walii galatti qarshii meeqa argatte?

1.2 Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti

Gocha 1.2

1. Kan armaan gadi ida'i

+	1	2	3	4	5	6	7	8	9
100									
200									
300									
400									

500									
600									
700									
800									
900									

2. Kanneen armaan gadii dubbisiti lakkoofsan barreessi

a) Kudha-saddeet = _____

b) Dhibba sadii fi jaha = _____

c) Dhibba jahaa fi torbaatamii afur = _____

3. Lakkoofsota armaan gadii jechaan barreessi.

a) 65

b) 300

c) 107

Hiikoo: - Lakkoofsotni bifa 0, 1, 2, 3, 4... 1000tti jiran lakkoofsota hundaa hanga kuma tokkoo jiraniidha.

Fakkeenya:

1) lakkoofsota hundaa hanga 1000tti jiran keessaa muraasni;


a) 0, 1, 2...9 lakkoofsota hundaa dijiitii tokko qabanii dha.

b) 10, 11, 12 ... 99 lakkoofsota hundaa dijiitii lama qabanii dha.


c) 100, 101, 102,..., 999 lakkoofsota hundaa dijiitii sadii qabanii dha.

2) Lakkoofsota baay'attoota dhibbaa irratti tokkee fi kurnee ida'uu.


a) $100 + 1 = 101 \rightarrow$



b) $200 + 30 + 6 = 236 \rightarrow$



c) $100 + 10 + 10 = 120 \rightarrow$



3) Lakkoofsota kennaman dhibboota, kurnoota fi tokkeewwan jechuun addaan baasi.

a) Lakkoofsi 458; Dhibboota 4, kurnoota 5 fi tokkee 8 qaba.

$$\text{Kunis } 458 = \text{dhibboota } 4 + \text{kurnoota } 5 + \text{tokkee } 8$$

b) Lakkoofsa 180 keessaa dhibboota 1, kurnoota 8 fi tokkee 0 jira.

$$\text{Kunis } 180 = \text{dhibboota } 1 + \text{kurnoota } 8 + \text{tokkee } 0 \text{ ta'a.}$$

c) Lakkoofsi 536; dhibboota 5, kurnoota 3 fi tokkee 6 qaba. Kunis $536 = \text{dhibboota } 5 + \text{kurnoota } 3 + \text{tokkee } 6$

4) Kanneen armaan gaditti dhibboota, kurnootaa fi tokkeen kennaman lakkoofsan barreessi

a) Dhibboota 6+ kurnoota 4+tokkee 2

$$600 + 40 + 2 = 642$$

b) Dhibboota 6 + kurnoota 2+ tokkee 3 = 623

$$\text{Sababni isaas } 600 + 20 + 3 = 623 \text{ waan kennuuf.}$$

c) Dhibboota 7 + kurnoota 4 + tokkee 9 = 749

$$\text{Sababni isaas } 700 + 40 + 9 = 749 \text{ waan kennuuf.}$$

Gilgaala 1.2

1) Ida'ama baay'attoota 100 fi lakkoofsa dijiitii tokkootiin barreessi

a. $206 - 200 + 6$

f. $803 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}}$

b. $408 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}}$

g. $107 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}}$

c. $309 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}}$

h. $504 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}}$

d. $905 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}}$

i. $602 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}}$

e. $701 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}}$

j. $307 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}}$

2) Bakka duwwa lakkoofsa sirrii ta'e guuti.

a) $452 = \text{dhibboota } \underline{\hspace{1cm}} \text{ kurnoota } \underline{\hspace{1cm}} \text{ tokkee } \underline{\hspace{1cm}}$

b) $276 = \text{dhibboota } \underline{\hspace{1cm}} \text{ kurnoota } \underline{\hspace{1cm}} \text{ tokkee } \underline{\hspace{1cm}}$

c) $398 = \text{dhibboota } \underline{\hspace{1cm}} \text{ kurnoota } \underline{\hspace{1cm}} \text{ tokkee } \underline{\hspace{1cm}}$

d) $307 = \text{dhibboota } \underline{\hspace{1cm}} \text{ kurnoota } \underline{\hspace{1cm}} \text{ tokkee } \underline{\hspace{1cm}}$

e) $250 = \text{dhibboota } \underline{\hspace{1cm}} \text{ kurnoota } \underline{\hspace{1cm}} \text{ tokkee } \underline{\hspace{1cm}}$

3) Lakkoofsa sirrii ta'e barreessi.

a) $\text{Dhibboota } 2 + \text{kurnoota } 7 + \text{tokkee } 8 = \underline{\hspace{1cm}}$

b) $\text{Dhibboota } 3 + \text{kurnoota } 4 + \text{tokkee } 9 = \underline{\hspace{1cm}}$

c) $\text{Dhibboota } 4 + \text{kurnoota } 0 + \text{tokkee } 7 = \underline{\hspace{1cm}}$

d) $\text{Dhibboota } 1 + \text{kurnoota } 3 + \text{tokkee } 0 = \underline{\hspace{1cm}}$

e) $\text{Dhibboota } 5 + \text{kurnoota } 9 + \text{tokkee } 9 = \underline{\hspace{1cm}}$

4) Kanneen jechaan kennaman lakkoofsaan barreessi

a) $\text{Dhibba afurii fi saddeet} = \underline{\hspace{1cm}}$

b) $\text{Dhibba shanii fi jahaatamii sadii} = \underline{\hspace{1cm}}$

c) $\text{Dhibba lamaa fi soddoomii torba} = \underline{\hspace{1cm}}$

d) $\text{Dhibba sagalii fi sagal} = \underline{\hspace{1cm}}$

e) $\text{Dhibba saddeetii fi sagaltamii sagal} = \underline{\hspace{1cm}}$

5) Lakkoofsota armaan gadii jechaan barreessi

a) $508 =$ dhibba shanii fi saddeet

b) $435 =$ _____

c) $327 =$ _____

d) $782 =$ _____

e) $804 =$ _____

f) $659 =$ _____

1.3 Gatii Bakkaa Lakkoofsota hundaa Hanga 1000tti jiran

Gocha 1.3 Gareedhaan irratti mari'adhaa.

1) Dijiitoota gabatee konkolaataa irra jiran dubbisuun barreessi



a. _____



b. _____




c. _____

2) Lakkoofsa 67 keessatti gatii bakkaa kan 6 fi 7 meeqa ta'a?


3) Lakkoofsa 328 keessatti gatii bakkaa kan 3, 2 fi 8 meeqa ta'a?

4) Lakkoofsota kennaman calleetti fayyadamuun abakaasii irratti gatii bakkaatin ibsi

a) 534



b) 267



Hiikoo:-Gatii bakkaa lakkoofsotaa jechuun gatii tokkoo tokkoon dijiitii lakkoofsa keessatti qabanii dha.

Fakkeenya: a) Lakkoofsa 435 keessatti


Gatiin bakkaa 4 dhibba

Gatiin bakkaa 3 kudhan

Gatiin bakkaa 5 tokkeedha.


Kanaafuu 435 yoo dubbifnu dhibba afuri fi soddoo mii shan jenneeti.

b. Lakkoofsa 462 keessatti



Kanaafuu 462 yoo dubbifnu dhibba afurii fi jahaatamii lama jenneeti.

Hubadhu: Lakkoofsi 462 abakaasiidhaan yeroo ibsnu:



Abaakasii kana irratti.

$$400 + 60 + 2 = 462 \text{ ta'a.}$$

- Gatiin bakkaa tokkee keessa calleewwan 2tu jira
- Gatiin bakkaa kudhani keessa calleewwan 6tu jira
- Gatiin bakkaa dhibbaa keessa calleewwan 4tu jira kanaafuu 462 ta'a.

Gilgaala 1.3

1) Lakkoofsa 382 jedhu keessatti gatiin bakkaa kudhanii meeqa?

2) Lakkoofsota armaan gadiif gatii bakkaa isaanii ibsi.

a. 245


b. 789

c. 128


3) Lakkoofsota armaan gadii gatii bakkaatiin ibsi.

Lakkoofsa	Mana dhibbaa	Mana kudhanii	Mana tokkee
429			9
183			
568		6	
634			
953			
364	3		


4) Calleewwaan abakaasii irratti ibsamee lakkoofsan ibsi.

a)  = _____

Mana Dhibbaa Mana Kudhanii Mana Tokkee

b)  = _____

Mana Dhibbaa Mana Kudhanii Mana Tokkee

c)  = _____

Mana Dhibbaa Mana Kudhanii Mana Tokkee

1.4 Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti jiran Tartiibessuufi Waliin Madaaluu

1.4.1 Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti Jiran Tartibessuu

Gocha 1.4.1

- 1) Lakkoofsota 100, 101, 102, 103, 104, 105 sarara lakkoofsa irratti mul'isi.
- 2) Baay'attoota 100 hanga 1000tti jiran xiyya lakkoofsaa irratti mul'isi.
- 3) Lakkoofsota 405 fi 410 jiddu jiran tarreessi.
- 4) Dursaa lakkoofsota armaan gadii himi.

a) 456	b) 832
--------	--------
- 5) Itti fufa lakkoofsota armaan gadii barreessi.


a) 367	b) 200
--------	--------

Hiikoo:- Lakkoofsota tartibessuu jechuun qindoomina lakkoofsota xiqqaa gara guddaa yookiin guddaa gara xiqqaatti tarreessuu jechuu dha.

Fakkeenya:


- 1) Xiyya lakkoofsatti gargamuun lakkoofsota 304 fi 310 jidduu jiran barreessi.

Furmaata: xiyyi lakkoofsota 300 hanga 310 haala armaan gadiitin ta'a.



Xiyyaa armaan olii irraa Lakkoofsotni 304 fi 310 jiddu jiran 305, 306, 307, 308 fi 309.

2. Baay'attoota 100 kanneen 300 fi 900 jiddu jiran barreessi. Furmaata: xiyyi baay'attoota dhibbaa hanga kumatti jiran kan armaan gadiiti




Xiyyaa armaan olii irraa baay'attootni dhibbaa kan 300 fi 900 jiddu jiran 400,500,600,700 fi 800.

- 3) Baay'attoota kudhanii lakkoofsota 100 fi 200 jiddu jiran

- a) Xiqqaa irraa gara guddaatti tartiibessi.
- b) Guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessi.

Furmaata: Baay'attoonni kudhanii 100 fi 200 gidduutti argamanii xiyyaa lakkoofsan yemmuu agarsiifamu haala armaan gadiitin ta'a.



- a) Baay'attoota kudhanii 100 fi 200 gidduu jiran xiqqaa irra gara guddatti yemmuu tartiibessinu 110, 120, 130,140, 150, 160, 170, 180, fi 190 ta'a.
- b) Baay'attoota kudhanii 100 fi 200 gidduu jiran gudda irra gara xiqqaatti yemmuu tartiibessinu 190,180,170,160,150, 140, 130, 120, 110 ta'a.

- 4) Lakkoofsa 100 irratti sadi sadi utaaluun:

- a) Gara fuuldura lakkoofsota shan yeroo lakkoofnu 103, 106, 109, 112, 115.
- b) Gara duubatti lakkoofsota shan yemmuu lakkoofnu 97, 94, 91, 88, 85 ta'a.


Hubadhu:

- Itti fufaa lakkoofsa kenname tokkoo argachuuf, lakkoofsicha kenname irratti tokko ida'uudha.

- Dursaa lakkoofsa kenname tokkoo argachuuf, lakkoofsicha kenname irraa tokko hir'isuudha. Garuu lakkoofsota hundaa keessaa zeeroon dursaa hin qabu.

Fakkeenya:

1) Xiyyaa lakkoofsa armaan gadii irraa;



- 102 itti fufaa 101 ti kanaafuu, 102 irra guddaa 101ti.
- 105 dursaa 106 ti kanaafuu 105irra xiqqaa 106ti.
- Lakkoofsotni 100 fi 105 jiddu jiran 101, 102, 103, 104.

2) Itti fufaa lakkoofsota armaan gadii barbaadi.

a) 4

b) 98

c) 356

Furmaata:

Itti fufaa argachuuf lakkoofsicha irratti tokko ida'uudha.

- a) Itti fufaan 4; $4+1=5$, kanaafuu 5 itti fufaan 4 ti.
- b) Itti fufaan 98; $98+1=99$, kanaafuu 99 itti fufaan 98 ti.
- c) Itti fufaan 356; $356+1=357$, kanaafuu 357 itti fufaa 356ti.

3) Dursaa lakkoofsota armaan gadii barbaadi.

a) 7

b) 100

c) 872

Furmaata:

Dursaa lakkoofsaa argachuuf lakkoofsicha irraa 1 hir'isuudha.

- a. Dursaan 7; $7 - 1 = 6$, Kanaafuu 6 dursaa 7ti.
- b. Dursaan 100; $100 - 1 = 99$, Kanaafuu 99 dursaa 100ti.
- c. Dursaan 872; $872 - 1 = 871$, Kanaafuu 871 dursaa 872ti.

Gilgaala 1.4.1

1) Itti fufaa lakkoofsota armaan gadii barreessi.

- a) 420, _____ b) 316, _____ c) 899, _____

2) Dursaa lakkoofsota armaan gadii barreessi.

- a) _____, 230 b) _____, 615 c) _____, 801

3) Gabaate armaan gadii guuti.

Dursaa	Lakkoofsa	Itti fufaa
	132	
	99	
	751	

4) Lakkoofsota armaan gadii xiqqaa gara guddaatti tartiibessi.

200, 150, 170, 210, 190


5) Lakkoofsota armaan gadii guddaa gara xiqqaatti tartiibessi.

345, 412, 267, 561, 893

6) Lakkoofsa hir'ate guuti

	53		55
101	102		
		305	
782			

7) Bakka duwwaa guuti.



8) Lakkoofsota kennamaan irratti hundaa'uun shan shan irra darbuun barreessi.

a) 90, _____, _____, _____, _____, _____

b) 400, _____, _____, _____, _____, _____

c) 225, _____, _____, _____, _____, _____

1.4.2 Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti Jiran Waliin Madaaluu

Gocha 1.4.2

Lakkoofsota armaan gadii mallattoolee $<$, $>$ yookiin $=$ fayyadamuun waliin madaali

a) $12 \underline{\hspace{1cm}} 9$

c) $723 \underline{\hspace{1cm}} 863$

b) $57 \underline{\hspace{1cm}} 69$

d) $543 \underline{\hspace{1cm}} 543$

Hiikoo:- Lakkoofsota waliin madaaluu jechuun hariiroo lakkoofsota jidduu jiru ibsuu jechuu dha.

Lakkoofsota waliin madaaluuf $<$, $>$, $=$ fayyadamna.


Kunis mallattoolee “ $<$ ” irra xiqqaa

“ $>$ ” irra guddaa

“ $=$ ” walqixaa jennee dubbifna.




Fakkeenya: Lakkoofsota armaan gadii waliin madaali.

a)  kun kan agarsiisu $4 > 2$ ti.

b) $496 \underline{\hspace{1cm}} 518$

Furmaata:



Xiyyaa armaan olii irraa $496 < 518$ ti. Sababni isaas $4 < 5$ waan ta'eef

c) $87 \underline{\hspace{1cm}} 102$

Furmaata:

$87 < 102$ ti. Sababnis lakkoofsi dijiitii 2 qabu irra xiqqaa dijiitii sadi qabuuti.

Hubadhu:

- Lakkoofsi dijiitota sadii lakkoofsota dijiitii lamaa ni caala
- Lakkoofsonni lachuu abbaa dijiitii sadii yoo ta'an;
 - Gatii bakkaa dhibbaa walmadaalchisuun, Lakkoofsi gatii bakkaa dhibbaatiin caalu guddaadha.
 - Gatiin bakkaa dhibbaa yoo wal qixa ta'e, gatii bakkaa kudhanii walmadaalchisuun lakkoofsi gatii bakkaa kudhanitiin caalu guddadha.
 - Gatii bakkaa dhibbaa wal qixa yoo qabatanii fi gatii bakkaa kudhaniis wal qixa yoo qabaatan inni mana tokkee guddaa qabu ni caala.

Gilgaala 1.4.2

1) Lakkoofsota armaan gadii mallattoolee $<$, $>$ yookiin = galchuun waliin madaali.

- a. $104 \underline{\hspace{1cm}} 106$
- b. $506 \underline{\hspace{1cm}} 506$
- c. $698 \underline{\hspace{1cm}} 548$
- d. $235 \underline{\hspace{1cm}} 352$

- e. $721 \underline{\hspace{1cm}} 689$
- f. $618 \underline{\hspace{1cm}} 628$
- g. $402 \underline{\hspace{1cm}} 204$
- h. $201 \underline{\hspace{1cm}} 98$

2) Laliseen muuzii 115 qabdi. Galaanaan immoo muuzii 134 yoo qabaate, kamtuu muuzii baay'ee qaba?

3) Lakkoofsa 412 fi 369 keessaa kamtu caala?

4) Barataan Abdii fi barattuun Feeneet saddeeqa funaanan. Tokkoon tokkoon isaanii saanduqaa sadii sadii yoo qabaatani fi haala gabatee armaan gadiitiin yoo walitti qaban lakkoofsota saddeeqa isaanii walmadaalchiisi

Abdii	>, <, ykn =	Feeneet
345		342
99		102
508		508

BOQONNAA 2

LAKKOOFSSOTA HUNDAA DIJITII SADI QABAN IDA'UU FI HIR'ISUU

SEENSA

Boqonnaa kana keessatti lakkoofsota hundaa hanga 1000tti jiran ida'uu, hir'isuu fi piroobileemoota sassalphoo ida'uu fi hir'isuun wal qabatan furuu kan of keessatti qabuu dha. Kanaafuu, barattoonni lakkoofsota kana akka shallagan fi hubachuu danda'aan: hiikoo, fakkeenya, gochaalee fi gilgaalota gara garaa qophaa'an kan of keessatti qabatee dha.

Bu`aa eegamu: - Xumura qabiyyee barnoota kanaa booda, barattoonni:

- Lakkoofsota hundaa hanga 1000 jiran Ida'uu fi hir'isuu.

Qabiyyeewwan

- 2.1 Ida'uu lakkoofsota hundaa hanga 1000tti
- 2.2 Hir'isuu lakkoofsota hundaa hanga 1000tti
- 2.3 Piroobileemoota jechaa ida'uufi hir'isuu

2.1 Ida'uu Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti.

2.1.1 Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti Jiran Hambifannaa Malee Ida'uu

Gocha 2.1.1 Gaaffilee armaan gadii deebisi.

1) Ida'amni lakkoofsota xiyyaarota irra jiranii meeqa?



2) Kanneen armaan gadii shallagi.

a) $214 + 5 =$ _____

e) $453 + 42 =$ _____

b) $356 + 2 =$ _____

f) $523 + 125 =$ _____

c) $400 + 7 =$ _____

g) $452 + 321 =$ _____

d) $122 + 65 =$ _____

3) Lakkoofsota armaan gadii ida'i.

a. $\begin{array}{r} +881 \\ 17 \\ \hline \end{array}$

b) $\begin{array}{r} +123 \\ 345 \\ \hline \end{array}$

c) $\begin{array}{r} +912 \\ 63 \\ \hline \end{array}$

d) $\begin{array}{r} +894 \\ 105 \\ \hline \end{array}$

e) $\begin{array}{r} +721 \\ 165 \\ \hline \end{array}$

4) Caaltuun qarshii dhibba sadii fi 3 qabdi. Dabalataan qarshii 5 haadha ishee irraa yoo fudhatte walitti qarshii meeqa qabdi?

5) Mana barumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu keessatti baay'inni barattoota dhiiraa 432 fi baay'inni barattoota dubaraa 453 yoo ta'an, walumaagalatti barattoota meeqatu mana barumsa kanatti barata?

Hiikoo: Ida'uu jechuun qoyyaboota afran keessaa tokko yoo ta'u lakkoofsota lamaa fi lamaa ol ta'an walitti dabaluuuf kan

gargaaru dha. Mallattoon isaas “+”, Yemmuu dubbifnuus irratti ykn ida’uu jenneeti.

Fakkeenya

1) $2+3=5$ jedhu keessatti 2 fi 3 ida’amtoota, 5 ida’amaa jedhama.

2) Lakkoofsota armaan gadii ida’i.

a) $213 + 5 = \underline{\hspace{2cm}}$ ta’a.

Furmaata:

Dh	k	T	
2	1	3	3 + 5 = 8
+		5	
2	1	8	

Mana tokkee lakkoofsota lamaanii ida’uu
Lakkoofsota dijiitoota mana kudhanii fi mana dhibba jiran akkuma jiranitti fudhanna.

Kanaafuu: $213 + 5 = 218$ ta’a

b) $215 + 43 = \underline{\hspace{2cm}}$ ta’a.

Furmaata:

2	1	5
+	4	3
2	5	8

1 + 4
5 + 3

Kanaafuu: $215 + 43 = 258$

c) $341 + 525 = \underline{\hspace{2cm}}$ ta’a.

Furmaata:

3	4	1
5	2	1
8	6	6

Mana tokkee $1+5=6$
Mana kudhanii $4+2=6$
Mana dhibbaa $3+5=8$

Kanaafuu: $341 + 525 = 866$ ta’a.

3) Dhibboota, kurnee fi tokkeetti fayyadamuun diddiriirsuun ida'i.

a) $345 + 4 = \underline{\hspace{2cm}}$ ta'a

Furmaata:

$$\begin{aligned} 345 + 4 &= 300 + 40 + 5 + 4 \\ &= 300 + 40 + 9 \\ &= 300 + 49 \\ &= 349 \end{aligned}$$


b) $412 + 7 = \underline{\hspace{2cm}}$ ta'a.

Furmaata:

$$\begin{aligned} 412 + 7 &= 400 + 10 + 2 + 7 \\ &= 400 + 10 + 9 \\ &= 400 + 19 \\ &= 419 \end{aligned}$$


c) Baay'ina wantoota fakkii irratti jiran ida'uun barreessu.

Furmaata:




$$\begin{aligned} 100 + 100 + 100 + 100 + 100 + 60 + 10 + 10 + 1 + 1 + 1 + 1 &= 500 + 80 + 4 \\ &= 500 + 84 \\ &= 584 \end{aligned}$$

d)



Furmaata: $235 + 4 = 200 + 30 + 5 + 4$
 $= 200 + 30 + 9$
 $= 200 + 39$
 $= 239$

e. Maashinii ida'uu armaan gadii fayyadamuun haala fakkeenya kennameen hojjedhu.



Furmaata: Maashiniin kun kan agarsiisuu lakkoofsa harka bitaa irratti 126 ida'uun deebii isaa karaa harka mirga barreeffama.

Kanaafuu $130 + 126 = 256$
 $240 + 126 = 366$
 $270 + 123 = 396$ ta'a

Hubadhu: Lakkoofsota hambifannaa malee yemmuu walitti idanuu mirga irra jalqabuun gara bitaatti mana manaa isaanitiin walitti idaana.

Gilgaala 2.1.1.

1) Lakkoofsota armaan gadii irraan gadee ida'i.

a) 314

$$\begin{array}{r} + 3 \\ \hline \end{array}$$

b) 821

$$\begin{array}{r} + 8 \\ \hline \end{array}$$

c) 723

$$\begin{array}{r} + 5 \\ \hline \end{array}$$

d) 512

$$\begin{array}{r} + 53 \\ \hline \end{array}$$

e) 705

$$\begin{array}{r} + 64 \\ \hline \end{array}$$

f) 331

$$\begin{array}{r} + 23 \\ \hline \end{array}$$

g) 314

$$\begin{array}{r} + 213 \\ \hline \end{array}$$

h) 254

$$\begin{array}{r} + 624 \\ \hline \end{array}$$

i) 615

$$\begin{array}{r} + 162 \\ \hline \end{array}$$

2. Lakkoofsota armaan gadii diddiriirsuun ida'i.

a. $125 + 3 =$ _____

f. $900 + 80 =$ _____

b. $642 + 4 =$ _____

g. $555 + 243 =$ _____

c. $720 + 7 =$ _____

h. $467 + 212 =$ _____

d. $182 + 14 =$ _____

i. $501 + 364 =$ _____

e. $453 + 25 =$ _____

j. $200 + 300 =$ _____

3) Lakkoofsota armaan gadii irratti 125 ida'uun gabatee siif kenname guuti

Lakkoofsota	+125
341	$341 + 125 = 466$
733	
421	
643	

2.1.2. Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti Jiran Hambifannaan Ida'uu

Gocha 2.1.2

1) Lakkoofsota armaan gadii ida'i.

a) $56 + 8 =$ _____

e) $283 + 78 =$ _____

b) $47 + 9 =$ _____

f) $917 + 86 =$ _____

c) $65 + 5 =$ _____

g) $235 + 546 =$ _____

d) $145 + 46 =$ _____

h) $564 + 328 =$ _____

2) Lakkoofsota armaan gadii irraan gadee ida'i.

a) $\begin{array}{r} 19 \\ + 8 \\ \hline \end{array}$

b) $\begin{array}{r} 27 \\ + 6 \\ \hline \end{array}$

c) $\begin{array}{r} 132 \\ + 9 \\ \hline \end{array}$

d) $\begin{array}{r} 163 \\ + 28 \\ \hline \end{array}$

e) $\begin{array}{r} 724 \\ + 78 \\ \hline \end{array}$

f) $\begin{array}{r} 838 \\ + 54 \\ \hline \end{array}$

g) $\begin{array}{r} 56 \\ + 74 \\ \hline \end{array}$

h) $\begin{array}{r} 124 \\ + 357 \\ \hline \end{array}$

i) $\begin{array}{r} 421 \\ + 382 \\ \hline \end{array}$

j) $\begin{array}{r} 509 \\ + 435 \\ \hline \end{array}$

3) Muuziiwwan 101 fi burtukaana 89 walitti meeqa ta'u?

Fakkeenya: Ida'amtuwwan akka mana lakkoofsa isaaniitti irraa fi jalatti barreessuun irraan gadi ida'i.


a) $295 + 9 =$ _____

b) $236 + 27 =$ _____

c) $364 + 173 =$ _____


Furmaata:

a) $295 + 9 = \underline{\hspace{2cm}}$



Kanaafuu $295 + 9 = 304$ ta'a

b) $236 + 27 = \underline{\hspace{2cm}}$ ta'a.



Kanaafuu $236 + 27 = 263$ ta'a

c) $364 + 173 = \underline{\hspace{2cm}}$

Hambifannaa →

Dh	K	T
1		
3	6	4
1	7	3
5	3	7

Mana tokkee $5+9=14$
 Mana kudhanii $1+9=10$
 Mana dhibbaa $1+2=3$

Kanaafuu: $364 + 173 = 537$

Gilgaala 2.1.2

1) Kanneen armaan gadii ida'i

a) $723 + 7 = \underline{\hspace{2cm}}$

f) $547 + 27 = \underline{\hspace{2cm}}$

b) $288 + 9 = \underline{\hspace{2cm}}$

g) $853 + 75 = \underline{\hspace{2cm}}$

c) $597 + 5 = \underline{\hspace{2cm}}$

h) $588 + 33 = \underline{\hspace{2cm}}$

d) $354 + 137 = \underline{\hspace{2cm}}$

i) $258 + 346 = \underline{\hspace{2cm}}$

e) $778 + 97 = \underline{\hspace{2cm}}$

j) $672 + 265 = \underline{\hspace{2cm}}$

2) Kanneen armaan gadii irraan gadee ida'i.

a. $\begin{array}{r} 735 \\ + 8 \\ \hline \end{array}$

b. $\begin{array}{r} 896 \\ + 7 \\ \hline \end{array}$

c. $\begin{array}{r} 991 \\ + 9 \\ \hline \end{array}$

d. $\begin{array}{r} 85 \\ + 8 \\ \hline \end{array}$

e. $\begin{array}{r} 634 \\ + 7 \\ \hline \end{array}$

f. $\begin{array}{r} 723 \\ + 9 \\ \hline \end{array}$

g. $\begin{array}{r} 123 \\ + 567 \\ \hline \end{array}$

h. $\begin{array}{r} 345 \\ + 218 \\ \hline \end{array}$


i. $\begin{array}{r} 671 \\ + 157 \\ \hline \end{array}$

j. $\begin{array}{r} 543 \\ + 151 \\ \hline \end{array}$

3) Gabatee armaan gadii keessatti lakkoofsota kennaman irratti 159 ida'i.

Lakkoofsota	+ 159
6	165
379	
497	
649	
158	

4) Fakkii maashinii armaan gadii fayyadamuun haala fakkeenya kennameen hojjedhu.



2.2 Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti Jiran Hir'isuu

2.2.1 Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti Jiran Liqeeffannaa Malee Hir'isuu

Gocha 2.2.1

1) Kanneen armaan gadii walirraa hir'isi.

a) $48 - 6 = \underline{\hspace{2cm}}$

f) $238 - 126 = \underline{\hspace{2cm}}$

b) $259 - 8 = \underline{\hspace{2cm}}$

g) $987 - 543 = \underline{\hspace{2cm}}$

c) $95 - 5 = \underline{\hspace{2cm}}$

h) $862 - 431 = \underline{\hspace{2cm}}$

d) $798 - 58 = \underline{\hspace{2cm}}$

i) $618 - 510 = \underline{\hspace{2cm}}$

e) $198 - 47 = \underline{\hspace{2cm}}$

2) Kanneen armaan gadii walirraa hir'isi.

a)
$$\begin{array}{r} 139 \\ - 7 \\ \hline \end{array}$$

e)
$$\begin{array}{r} 476 \\ - 76 \\ \hline \end{array}$$

b)
$$\begin{array}{r} 986 \\ - 5 \\ \hline \end{array}$$

f)
$$\begin{array}{r} 656 \\ - 125 \\ \hline \end{array}$$

c)
$$\begin{array}{r} 128 \\ - 15 \\ \hline \end{array}$$

g)
$$\begin{array}{r} 300 \\ - 200 \\ \hline \end{array}$$

d)
$$\begin{array}{r} 547 \\ - 25 \\ \hline \end{array}$$

h)
$$\begin{array}{r} 450 \\ - 100 \\ \hline \end{array}$$

Hiikoo: - Hir'isuu jechuun qoyyaboota herregaa keessaa tokko ta'ee caalmaa lakkoofsota lama jiddu jiru barbaaduuf kan gargaaru dha. Mallattoon hir'isuu “-“dha, yemmuu dubbisnuus irraa yookiin hir'isuu jedhameeti.

Hima $6 - 4 = 2$ jedhu keessatti

6 hir'ataa

4 hir'isaa fi 2 caalmaa jedhamu.

Fakkeenya:-

1) Kanneen armaan gadii hojjadhu.

a) $456 - 6 = \underline{\hspace{2cm}}$

b) $579 - 47 = \underline{\hspace{2cm}}$

c) $846 - 735 = \underline{\hspace{2cm}}$

Furmaata:

- Hima hir'isuu dalgaan kenname irraa jalatti mana manaa isaaniitiin barreessuun mirga irraa jalqabuun waliirra hir'isna.

a)

	Dh	K	T
-	4	5	6
	↓	↓	6
	4	5	0

- Mana tokkee hir'isuu $6 - 6 = 0$
- Mana kudhanii gadi buusuu
- Mana dhibbaa gadi buusuu

Kanaafuu: $456 - 6 = 450$ ta'a.


b) $579 - 47 = \underline{\hspace{2cm}}$ ta'a.

	Dh	K	T
-	5	7	9
	↓	4	7
	5	3	2

- Mana tokkee wal irraa hir'isuu ($9 - 7 = 2$)
- Mana kurnee walirraa hir'isuu ($7 - 4 = 3$)
- Dhumarratti 5'n gadi buusuu

Kanaafuu: $579 - 47 = 532$ ta'a.

c) $846 - 735 = \underline{\hspace{2cm}}$ ta'a



-846
735
111

Akka mana lakkoofsa isaanitti irra jalatti barreessina

Mana tokkee waliirra hir'isina $6 - 5 = 1$

Mana kudhanii waliirra hir'isna
 $4 - 3 = 1$

Mana dhibba waliirra hir'isna
 $(8 - 7 = 1)$

Kanaafuu: $846 - 735 = 111$ ta'a.

1) Bakka duwwaa guuti.

a) - 5 = 10

b) - 40 = 35

Furmaata:

a) - 5 = 10

Gaaffii kenname deebisuun himaa hir'isuun kenname gara hima ida'uttii jijjiiru qabna

- 5 = 10 Kun ida'uutti yemmuu jijjiiramu,

$10 + 5 = \text{input type="text"/>$ Deebiin isaa $10 + 5 = 15$ ta'a.

Sababnis, $10 + 5 = 15$ Waan ta'eef.

Kanaafuu lakkoofsi bakka duwwaa galuu 15 ta'a.

b) - 40 = 35

Kun ida'uutti yemmuu jijjiiramu $35 + 40 = \text{input type="text"}$ Kan

jedhu ta'a. Deebiin isaa $35 + 40 = 75$ ta'a.

Sababnis $75 - 40 = 35$ waan ta'eef.

Kanaafuu lakkoofsi bakka duwwaa galuu 75 ta'a.

Hubadhuu: - Hir'isuu keessatti caalmaan argamee kan sirrii ta'uu danda'u, **caalmaa + hir'isaan = hir'ataa yoo t a'ee qofa.**

Fakkeenyaaf: $8 - 5 = 3$ dhugaa kan ta'u $3 + 5 = 8$ waan ta'uuf.

Gilgaala 2.2.1

1) Kanneen armaan gadii hojjadhu.

a) $\begin{array}{r} 25 \\ - 5 \\ \hline \end{array}$ b) $\begin{array}{r} 98 \\ - 7 \\ \hline \end{array}$ c) $\begin{array}{r} 894 \\ - 3 \\ \hline \end{array}$ d) $\begin{array}{r} 899 \\ - 6 \\ \hline \end{array}$ e) $\begin{array}{r} 789 \\ - 7 \\ \hline \end{array}$

f) $\begin{array}{r} 297 \\ - 145 \\ \hline \end{array}$ g) $\begin{array}{r} 308 \\ - 7 \\ \hline \end{array}$ h) $\begin{array}{r} 827 \\ - 3 \\ \hline \end{array}$ i) $\begin{array}{r} 956 \\ - 6 \\ \hline \end{array}$

2) Kanneen armaan gadii irraan gadee barreessuun hir'isi.

a) $958 - 7 = \underline{\hspace{2cm}}$ f) $567 - 45 = \underline{\hspace{2cm}}$
 b) $589 - 6 = \underline{\hspace{2cm}}$ g) $787 - 52 = \underline{\hspace{2cm}}$
 c) $656 - 4 = \underline{\hspace{2cm}}$ h) $562 - 562 = \underline{\hspace{2cm}}$
 d) $168 - 27 = \underline{\hspace{2cm}}$ i) $600 - 200 = \underline{\hspace{2cm}}$
 e) $175 - 41 = \underline{\hspace{2cm}}$ j) $982 - 431 = \underline{\hspace{2cm}}$

3) Lakkoofsota kennaman irra 31 hir'isi.

Lakkoofsa	31
146	115
239	
553	
875	
781	
434	

2.2.2 Lakkoofsota Hundaa Hanga 1000tti Jiran Liqeeffannaan Hir'isuu

Gocha 2.2.2

1) Kanneen armaan gadii hojjedhu

a) $65 - 7 = \underline{\hspace{2cm}}$

e) $143 - 9 = \underline{\hspace{2cm}}$

b) $72 - 4 = \underline{\hspace{2cm}}$

f) $235 - 8 = \underline{\hspace{2cm}}$

c) $181 - 5 = \underline{\hspace{2cm}}$

g) $247 - 128 = \underline{\hspace{2cm}}$

d) $925 - 3 = \underline{\hspace{2cm}}$

2) Gatii bakkaatti gargaaramuun hir'isi.

a)
$$\begin{array}{r} 86 \\ - 7 \\ \hline \end{array}$$

f)
$$\begin{array}{r} 824 \\ - 18 \\ \hline \end{array}$$

b)
$$\begin{array}{r} 72 \\ - 6 \\ \hline \end{array}$$

g)
$$\begin{array}{r} 75 \\ - 18 \\ \hline \end{array}$$

c)
$$\begin{array}{r} 845 \\ - 8 \\ \hline \end{array}$$

h)
$$\begin{array}{r} 638 \\ - 129 \\ \hline \end{array}$$

d)
$$\begin{array}{r} 175 \\ - 82 \\ \hline \end{array}$$

i)
$$\begin{array}{r} 227 \\ - 227 \\ \hline \end{array}$$

e)
$$\begin{array}{r} 453 \\ - 64 \\ \hline \end{array}$$

3) Obbo Lammiin daldaaluuf burtukaanota 86 bite. Kana keessaa burtukaanota 38 yoo gurguratan, burtukaanota meeqatu hafaaf?

Fakkeenya: Gatii bakkaatti gargaaramuun hir'isi

a) $143 - 9 = \underline{\hspace{2cm}}$

b) $824 - 65 = \underline{\hspace{2cm}}$

c) $895 - 346 = \underline{\hspace{2cm}}$

Furmaata a)

$$\begin{array}{r} \text{a) } 143 \\ - \underline{9} \\ \hline 134 \end{array}$$

- Kurnan 1 gara tokkeewwaan 10tti dabarfama

$$3 + 10 = 13$$

$$13 - 9 = 4$$

Kanaafuu tokkee 4tu argama

- Kuranan 1 waan liqeeffanneef kurnan 3 tu hafa. (4 - 1 = 3)
- Lakkoofsi mana dhibbaa keessa jiru akkuma jirutti fudhatama

Kanaafuu: $143 - 9 = 134$ ta'a

$$\text{b) } 824 - 65 = \underline{\hspace{2cm}} \text{ ta'a.}$$

M.DH	M.K	M.T
7	1	10
~~8~~	~~2~~	4
7	5	9

- $4 < 5$ ti. kanaafuu 4 irraa 5 hir'isuun hindanda'amu. Kanaaf 2 irraa kurnan tokko liqeeffachuu.

$$4 + 10 = 14$$

- $14 - 5 = 9$ (mana tokkee jalatti barreessuu)

- $1 < 6$ ti. kanaafuu 1 irraa 6 hir'isuun hin danda'amu. 8 irraa kurnan tokko liqeeffachuu $1 + 10 = 11$

$$11 - 6 = 5 \text{ (mana kudhanii jalatti barreessuu)}$$

Kanaafuu: $824 - 65 = 759$ ta'a

$$\text{c) } 895 - 346 = \underline{\hspace{2cm}}$$

$5 < 6$ waaan ta'eef 9 irraa kurnee tokko liqeeffanna

Mana dhibbaa	Mana kurnee	Mana tokkee	$5+10=15$ $15-6=9$ mana tokkee $8-4=4$ mana kurnee $8-3=5$ mana dhibbaa
8	9	5	
3	4	6	
5	4	9	

Kanaafuu $895 - 346 = 549$

Gilgaala 2.2.2

1) Kanneen armaan gadii gatii bakkaatti fayyadamuun hir'isi.

a) $\begin{array}{r} 923 \\ - \underline{7} \end{array}$ d) $\begin{array}{r} 798 \\ - \underline{89} \end{array}$ g) $\begin{array}{r} 861 \\ - \underline{624} \end{array}$

b) $\begin{array}{r} 215 \\ - \underline{9} \end{array}$ e) $\begin{array}{r} 846 \\ - \underline{56} \end{array}$ h) $\begin{array}{r} 968 \\ - \underline{259} \end{array}$

c) $\begin{array}{r} 143 \\ - \underline{15} \end{array}$ f) $\begin{array}{r} 425 \\ - \underline{325} \end{array}$

2) Kanneen armaan gadii hojjedhu

a. $325 - 8 = \underline{\hspace{2cm}}$ d. $262 - 147 = \underline{\hspace{2cm}}$
 b. $648 - 99 = \underline{\hspace{2cm}}$ e. $312 - 106 = \underline{\hspace{2cm}}$
 c. $745 - 36 = \underline{\hspace{2cm}}$ f. $895 - 346 = \underline{\hspace{2cm}}$

3) Lakkoofsota kenname irraa 48 hir'isuun gabatee armaan gadii guuti

Lakkoofsota	48
165	
376	
582	
644	596
951	

2.3 Piroobileemota jechaa Ida'uu fi Hir'isuu

Gocha 2.3

Piroobileemota armaan gadii furi.

- 1) Obseen kitaaba 10 bitte. Obsaan immoo kitaaba 14 bite. Obsee fi Obsaan walumatti kitaaba meeqa bitan?
- 2) Gabateen armaan gadii qabxii barattotni mana barumsaa Waaqoo Guutuu kutaa 2^{ffaa} 100 keessaa gosa barnoota Herregaatiin argatan ibsa.

Maqaa barattoota	Qabxii 100 keessaa
Lalisee	99
Hawwiii	88
Boonsaa	79
Kennaa	98

- a) Ida'amni qabxii Laliseefi kennaa walitti meeqa?
- b) Qabxiin Hawwiin fidde kan Boonsaa meeqaan caala?
- c) Ida'mni qabxii Lalisee fi Hawwii walitti meeqa?

Tarkaanfilee piroobileemota jechaa furuuf nu gargaaran:

Tarkaanfii 1: Piroobileemota jechaa sirritti dubbisuu, jechoota fi ergaa isaa hubachuu

Tarkaanfii 2: Wanta kennamee fi hin kennamne addaan baasuu

Tarkaanfii 3: Ibsama (Hima) herregatti jijjiiruu


Tarkaanfii 4: Mala salphaa ta'etti gargaaramuun furuu

Tarkaanfii 5: Deebii piroobileemichaa mirkaneeffachuu

Fakkeenya: Piroobileemota jechaa armaan gadii furi.

- a) Ani burtukaana 16 qaba. Burtukaana 19 akka naaf ta'uuf, burtukaana meeqaan dabalachuu qaba?


Furmaata: - a) $16 + \underline{\quad} = 19$



- b) Ani lakkoofsa, 12yoo narraa hir'isan 5 ta'a. Ani eenyu?

Furmaata: $\square - 12 = 5$ kana jechuun wanta baay'ina meeqa qabu keessaa 12 yoo hir'isne 5 hafa jechuudha. Innis $17 - 12$ yoo hir'ifameedha. Kanaaf $17 - 12 = 5$ ta'a.

- c) Korojoo keessa kubbaa baay'eetu jira. Lama yoon itti dabale saddeet ta'u. Jalqaba korojoo kana keessa kubbaa meeqatu ture? Furamaata: $\square + 2 = 8$ kana jechuun 6 irratti yoo 2 ida'ame 8 ta'a.



Gilgaala 2.3

Piroobileemota jecha armaan gadii furi

- 1) Lammaan burtukaana 33 qaba. Caaltuun burtukaana 21 qabdi. Walumatti lammaa fi caaltuun burtukaana meeqa qabu?

- 2) Keenboon qalama 49 qabdi. Qalama 12 obboleetti isheef yoo kennite, qalama meeqatu hafeef?
- 3) Muka tokko irra simbirroota 15tu jira. Simbirroonni 12 yoo dhufanii qubatan amma mukicharra simbirroota meeqatu jiru?
- 4) Caalaan killeewwan 98 baatee osoo gurguruuf deemuu karaatti killeewwan 52 jalaa cabe. Killeewwan meeqaatu hafeef?
- 5) Gumii mana barumsaa tokko keessatti shamarran 34 fi dhiira 19tu hirmaatan. Walumatti barattoota meeqatu gumii kana keessatti hirmaate?
- 6) Muuzii 28 jiran keessa 17 yoo gurguraman, kan hingurguramiin meeqa?
- 7) Gareen kubbaa miilaa Jimmaa abbaa Jifaar taphattoota 17 fi gareen kubbaa miila Adaamaa immoo taphattoota 22 qaban yoo jenne, walumatti taphattoota meeqatu garee lamaan keessatti argama?
- 8) Hawwiin dabtara tokko qarshii 20'n bitte. Obseen immoo qarshii 19'n bitte, walumatti dabtara qarshii meeqaan bitan?
- 9) Abdallaan qarshii 26 qaba. Yoo abbaan isaa qarshii 11 fi obboleessi isaa qarshii 10'n dabalaniif, Walitti Abdallaan qarshii meeqa qaba?
- 10) Tolan qarshii 98 qabu keessaa qarshii 48 yoo balleesse, qarshii meeqatu hafeef?
- 11) Daldaalan tokko kubbaa 20 qabu keessaa 15'n yoo gurgure, kubbaa meeqatu hafeef?

12) Umriin haadha Gaaddisee waggaa 32. Umriin Gaaddisee immoo 14 yoo ta'e, umriin haadhaa kan Gaaddisee meeqaan caala?

13) Gabatee armaan gadii baay'ina barattoota mana barumsa sadarkaa 1ffaa tokko mul'isa.

Kutaa	Baay'ina Barattootaa
Kutaa 1ffaa	55
Kutaa 2ffaa	47
Kutaa 3ffaa	53
Kutaa 4ffaa	49

a) Baay'inni barattoota kutaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} walitti meeqa?

b) Baay'inni barattoota kutaa 1^{ffaa} kan kutaa 4^{ffaa} meeqan caala?

c) Ida'amni barattoota kutaa 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} meeqa?

d) Baay'inni barattoota kutaa 3^{ffaa} kan kutaa 2^{ffaa} meeqaan caala?

14) Gabateen armaan gadii baay'ina namoota magaala finfinnee, Adamaa fi Dirre dawwaatti bara 2012tti dhibee koronaatin qabaman mul'isa.

Maqaa magaalaa	Baay'ina namootaa
Finfinnee	234
Adaamaa	156
Dirre dawwaa	378

a) Ida'amni namoota koronaan qabaman kan magaala Finfinnee fi Adamaa walitti meeqa?

b) Baay'inni namoota magaalaa Dirre dawwaatti koronaan qabamanii kan magaalaa finfinnee meeqaan caala?

BOQONNAA 3

LAKKOOFSSOTA HUNDAA BAAY'ISUU FI HIRUU

SEENSA

Boqonnaa kana keessatti barattoonni lakkoofsota dijiitii lama qaban kanneen dijiitii tokko qabaniin baay'isuu baratu. Barattoonni yaadrimee baay'isuu akka sirriitti hubatan wantoota qabatamootti fayyadamuun barbaachisaadha.

Bu'aa eegamu: - Xumura qabiyyee barnoota kanaa booda, barattoonni:-

- Lakkoofsota dijiitii lama qaban kanneen dijiitii tokko qabaniin baay'isuu.

Qabiyyeewwan

3.1 Lakkoofsota Hundaa Hanga 100tti Jiran Baay'isuu

3.1.1 Lakkoofsota hanga 20tti jiran 2'n baay'isuu

3.1.2. Lakkoofsota hanga 100tti jiran 2 fi 10 niin baay'isuu

3.1.3. Lakkoofsota hundaa hanga 100tti jiran 1'n baay'isuu

3.1.4. Lakkoofsot hundaa hanga 100tti jiran 3, 4, 5, 6, 7, 8 fi 9'n baay'isuu

3.1.5. Piroobileemota jechaa furuu

3.2. Lakkoofsota Hundaa Hanga 100tti Jiran Haftee malee Hiruu

3.2.1 Lakkoofsota hanga 20tti jiran 2'f Hiruu

3.2.2 Lakkoofsota hanga 100tti jiran 1'f Hiruu

3.2.3 Lakkoofsota hanga 100tti jiran 2 fi 10'f Hiruu

3.2.4 Lakkoofsot hundaa hanga 100tti jiran 3, 4, 5, 6, 7, 8 fi 9'f Hiruu

3.2.5 Piroobileemota jechaa hiruun walqabatan furuu.

3.1. Lakkoofsota Hundaa Hanga 100tti Jiran Baay'isuu

3.1.1 Lakkoofsota Hundaa hanga 20tti jiran 2'n baay'isuu

Gocha 3.1.1

1) Gaafiilee armaan gadii hojjadhu.



a) Saanduqa keessaa kubboota meeqatu jira?

b) Lama lamaan osoo gareedhan kaa'amanii garee meeqa ta'u?

c) Baay'ina garee yoo baay'ina kubboota garee keessaa jiraniin baay'iste meeqa argatta?

2) Gaaffilee armaan gadii hima ida'uu fayyadamuun baay'ataa isaanii barbaadi.

a) $5 \times 2 = \underline{\quad}$

c) $15 \times 2 = \underline{\quad}$

b) $9 \times 2 = \underline{\quad}$

d) $19 \times 2 = \underline{\quad}$


Hiikoo: Baay'isuu jechuun qoyyaboota herregaa afran keessaa isa tokko yoo ta'u, innis irra deddeebin ida'uu jechuu dha.

➤ Mallattoon kun “ $\times$ ” baay'isuu bakka bu'a.

Fakkeenya:

1) Gaaffilee armaan gadii baay'isi.

a) $2 \times 1 = \underline{\hspace{2cm}}$




b) $2 \times 2 = \underline{\hspace{2cm}}$




c) $2 \times 3 = \underline{\hspace{2cm}}$



d) $2 \times 4 = \underline{\hspace{2cm}}$



e) $2 \times 5 = \underline{\hspace{2cm}}$



Hubadhu: Lakkoofsa $2n$ baay'isuu jechuun lakkoofsa kenname yeroo lama ida'uu jechuu dha.

2) Lakkoofsota armaan gadi lamaan baay'isi.

a) $2 \times 8 = 8 \times 2 = 8 + 8 = 16$


b) $10 \times 2 = 10 + 10 = 20$

c) $9 \times 2 = 9 + 9 = 18$







d) $20 \times 2 = 20 + 20 = 40$

Gilgaala 3.1.1

1) Tuutaa lakkoofsota armaan gadii irratti hundaa'uun baay'attota 2(lamaa) kan ta'an barreessi.



2) Baay'ina killeewwan armaan gadii lakkoofsa sirrii ta'e waliin walitti firoomsi.

		$2 \times 5 = \underline{10}$
		$2 \times 8 = \underline{16}$
		$2 \times 3 = \underline{6}$
		$2 \times 7 = \underline{14}$
		$2 \times 6 = \underline{12}$
		$2 \times 4 = \underline{8}$

3) Hima ida'uu gargaaramuun baay'ataa lakkoofsota kennamaniibarbaadi.

- a. $2 \times 7 =$ _____ c. $2 \times 11 =$ _____
 b. $2 \times 8 =$ _____ d. $2 \times 14 =$ _____

4) Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.

x	15	16	17	18	19	20
2						

3.1.2 Lakkoofsota hundaa hanga 100tti jiran 2 fi 10 niin baay'isuu

Gocha 3.1.2

I. Gaaffilee armaan gadii hojjedhu.

a) $2 \times 10 = \underline{\hspace{2cm}}$

d) $10 \times 10 = \underline{\hspace{2cm}}$

b) $30 \times 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

e) $10 \times 25 = \underline{\hspace{2cm}}$

c) $10 \times 3 = \underline{\hspace{2cm}}$

f) $10 \times 60 = \underline{\hspace{2cm}}$

Fakkeenya:

1) lakkoofsota armaan gadii 2'n baay'isi

a) $2 \times 21 = 21 \times 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

Furmaata; $2 \times 21 = 21 + 21 = 42$

b) $2 \times 37 = \underline{\hspace{2cm}}$

Furmaata; $2 \times 37 = 37 + 37 = 74$

c) $2 \times 100 = \underline{\hspace{2cm}}$

Furmaata; $2 \times 100 = 100 + 100 = 200$

2) Lakkoofsota armaan gadii 10'n baay'isi

a) $10 \times 1 = \underline{\hspace{2cm}}$

b) $10 \times 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

c) $10 \times 3 = \underline{\hspace{2cm}}$

Furmaata:a) $10 \times 1 = \underline{\hspace{2cm}}$

 10	$10 \times 1 = 10$
---	--------------------

b) $10 \times 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

 10	$10 \times 2 = 20$
 10	

c) $10 \times 3 = \underline{\hspace{2cm}}$

 10	$10 \times 3 = 30$
 10	
 10	

Hubadhu: lakkoofsota lakkaawwii kudhaniin baay'isuu jechuun lakkoofsicharratti karaa mirgaatti zeeroo tokko barreessuu jechuudha

Fakkeenya 2:

a. $10 \times 6 =$ _____

Furmaata: $10 \times 6 = 10 + 10 + 10 + 10 + 10 + 10 =$ 60

b. $10 \times 12 =$ _____

Furmaata: $10 \times 12 = 120$

Gilgaala 3.1.2.

1) Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti

a)

x	2	3	4	5	6	7	8	9	10	11	12	13	14	15	16
10															

b)

x	10	20	30	40	50	60	70	80	90	100
10										

2) Lakkoofsota armaan gadii baay'isi.

a. $2 \times 40 =$ _____

b. $10 \times 55 =$ _____

c. $10 \times 19 =$ _____

d. $2 \times 75 =$ _____

e. $10 \times 99 =$ _____

f. $10 \times 81 =$ _____

g. $10 \times 33 =$ _____

3.1.3 Lakkoofsota hundaa hanga 100tti jiran 1'n baay'isuu

Gocha 3.1.3

1) Gaaffilee armaan gadii hojjedhu.

- a) $1 \times 4 = \underline{\hspace{2cm}}$ c) $43 \times 1 = \underline{\hspace{2cm}}$
 b) $5 \times 1 = \underline{\hspace{2cm}}$ d) $1 \times 100 = \underline{\hspace{2cm}}$

Fakkeenya

1) Lakkoofsota armaan gadii 1'n baay'isi

a. $1 \times 3 = \underline{\hspace{2cm}}$

Furmaata: $1 \times 3 = 1 + 1 + 1 = \underline{3}$

b. $1 \times 8 = 1 + 1 + 1 + 1 + 1 + 1 + 1 + 1 = \underline{8}$

Kanaafuu: $1 \times 8 = 8$

Hubadhu:

➤ Lakkoofsa kamiyyuu 1'n yoo baay'ifne lakkoofsichuma Sana ta'a.

Gilgaala 3.1.3

1) Gaaffiilee armaan gadii baay'isi.

- a) $1 \times 99 = \underline{\hspace{2cm}}$ f) $1 \times 60 = \underline{\hspace{2cm}}$
 b) $1 \times 80 = \underline{\hspace{2cm}}$ g) $1 \times 75 = \underline{\hspace{2cm}}$
 c) $1 \times 1 = \underline{\hspace{2cm}}$ h) $49 \times 1 = \underline{\hspace{2cm}}$
 d) $1 \times 27 = \underline{\hspace{2cm}}$ i) $13 \times 1 = \underline{\hspace{2cm}}$
 e) $45 \times 1 = \underline{\hspace{2cm}}$ j) $1 \times 10 = \underline{\hspace{2cm}}$

2) Gabateewwan armaan gadii guuti.

x	10	20	30	40	50	60	70	80	90	100
1										

3.1.4. Lakkkoofsot hundaa hanga 100tti jiran 3, 4, 5, 6, 7, 8 fi 9'n baay'isuu

Gocha 3.1.4

1. Gabateewwan armaan gadii guuti

a)

x	1	2	3	4	5	6	7	8	9
3									

b)

x	1	2	3	4	5	6	7	8	9
5									

c)

x	1	2	3	4	5	6	7	8	9
6									

Fakkeenya:

Lakkoofsota armaan gadii 3'n baay'isi

	$3 \times 1 = 3$
---	------------------

	$3 \times 2 = 6$
---	------------------

	$3 \times 3 = 9$
---	------------------

	$3 \times 6 = 18$
---	-------------------

	$3 \times 4 = 12$
--	-------------------

	$3 \times 5 = 15$
--	-------------------

	$3 \times 7 = 21$
--	-------------------

2. Lakkoofsota armaan gadii 4'n baay'isi.

a. $4 \times 1 =$ _____

	$4 \times 1 = 4$
---	------------------

b. $4 \times 2 =$ _____

	$4 \times 2 = 8$
	

c. $4 \times 3 =$ _____

	$4 \times 3 = 12$
	
	

3) Lakkoofsota armaan gadii 5'n baay'isi

a. $5 \times 1 = \underline{\quad}$

Furmaata: $5 \times 1 = 5$

b. $5 \times 2 = \underline{\quad}$

Furmaata: $5 + 5 = 10$

c. $5 \times 3 = \underline{\quad}$

Furmaata: $5 + 5 + 5 = 15$

d. $5 \times 4 = \underline{\quad}$

Furmaata: $5 + 5 + 5 + 5 = 20$

e. $5 \times 5 = \underline{\quad}$

Furmaata: $5 + 5 + 5 + 5 + 5 = 25$

4) Lakkoofsota armaan gadii 6'n baay'isi

i) $6 \times 1 = 6$

ii) $6 \times 2 = 6 + 6 = 12$

iii) $6 \times 3 = 6 + 6 + 6 = 18$

iv) $6 \times 4 = 6 + 6 + 6 + 6 = 24$

Gilgaala 3.1.4A

1) Gabatee armaan gadii guuti.

a)

x	1	2	3	4	5	6	7	8	9
7									

b)

x	1	2	3	4	5	6	7	8	9
8									

c)

x	1	2	3	4	5	6	7	8	9
9									

2. Bakka duwwaa guuti.

a. $3 \times 8 =$ _____

d. $6 \times 9 =$ _____

b. $9 \times 4 =$ _____

e. $4 \times 9 =$ _____

c. $5 \times 8 =$ _____

f. $9 \times 9 =$ _____

3. Xiyyaa fayyadamuun walitti firoomsi.

a) 8×6	96
b) 9×5	56
c) 8×12	48
d) 7×8	80
e) 8×2	16
f) 8×10	45
g) 8×8	24
h) 3×8	64

➤ Lakkoofsota dijiitii lama qaban lakkoofsa dijiitii tokko qabuun baay'isuuf bifa irraa fi jalatti barreessuun mana mana isaaniin baay'isna.

Fakkeenya: 1) Kanneen armaan gadii waliin baay'isi.

a) $25 \times 3 =$ _____

c) $70 \times 6 =$ _____

b) $29 \times 4 =$ _____

Furmaata:

a).
$$\begin{array}{r} 1 \\ 25 \\ \times 3 \\ \hline 75 \end{array}$$

- Dursa shan sadiin baay'isuu $3 \times 5 = 15$, 5 mana tokko jalatti barreessuu tokko haftee qabachu.
- Itti aansuun lama sadiin baay'isuun hafte qabnu irratti dabaluu ($3 \times 2 = 6$) kunis $6 + 1 = 7$ ta'a.

Kanaafuu $3 \times 25 = 75$ ta'a

b).
$$\begin{array}{r} 29 \\ \times 4 \\ \hline 116 \end{array}$$

- Dursa sagal afruriin baay'isuu $9 \times 4 = 36$, 6 mana tokko jalatti barreessuu 3 haftee qabachu.
- Itti aansuun lama afuriin baay'isuun hafte qabnu irratti dabaluu ($2 \times 4 = 8$) kunis $8 + 3 = 11$ ta'a.

Kanaafuu $4 \times 29 = 116$ ta'a.

c).
$$\begin{array}{r} 70 \\ \times 6 \\ \hline 420 \end{array}$$

- Dursa jahaa zeeroon baay'isuu $0 \times 6 = 0$,
- 0 mana tokko jalatti barreessuu.
- Itti aansuun torba jahaan baay'isuu $7 \times 6 = 42$ ta'a. 42 akkuma jirutt barreessu.

Kanaafuu: $6 \times 70 = 420$ ta'a.

Gilgaala 3.1.4B

1) Gaaffiilee armaan gadii baay'isi.

a). $\begin{array}{r} 24 \\ \times 4 \\ \hline \end{array}$	b). $\begin{array}{r} 22 \\ \times 5 \\ \hline \end{array}$	c). $\begin{array}{r} 18 \\ \times 6 \\ \hline \end{array}$	d). $\begin{array}{r} 18 \\ \times 5 \\ \hline \end{array}$	e). $\begin{array}{r} 12 \\ \times 8 \\ \hline \end{array}$
f). $\begin{array}{r} 48 \\ \times 2 \\ \hline \end{array}$	g). $\begin{array}{r} 12 \\ \times 7 \\ \hline \end{array}$	h). $\begin{array}{r} 54 \\ \times 7 \\ \hline \end{array}$	i). $\begin{array}{r} 61 \\ \times 9 \\ \hline \end{array}$	j). $\begin{array}{r} 82 \\ \times 4 \\ \hline \end{array}$
k). $\begin{array}{r} 87 \\ \times 6 \\ \hline \end{array}$	l). $\begin{array}{r} 94 \\ \times 8 \\ \hline \end{array}$	m). $\begin{array}{r} 62 \\ \times 3 \\ \hline \end{array}$	n). $\begin{array}{r} 50 \\ \times 4 \\ \hline \end{array}$	

2) Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.

x	10	20	30	40	50	60	70	80	90
9									

3.1.5 Piroobileemota jechaa furuu

Gocha 3.1.5

1) Gaaffilee armaan gadii gareen mari'achuun deebisi

- Ani lakkoofsa sadi. Yoon meeqaan baay'adheen 12 ta'a?
- Ani lakkoofsa, Yoon $2n$ baay'adhu 18tan ta'a, ani eenyu?
- Lukkuuwwan 14 yoo mul'atan, baay'inni miila isaanii meeqa?

Fakkeenya: 1) Piroobileemota gaaffilee armaan gadii furi

- Baay'inni miiloota lukkuu afurii meeqa?
- Burtukaanni sadi sadi bakka 4 jiru yoo ta'e, walitti meeqa ta'u?

Furmaata:

a) Lukkuun miiloota 2 qabdi.

Kanaafuu, baay'inni miiloota lukkuu afurii

$$2 \times 4 = 2 + 2 + 2 + 2$$

$$= 12 \text{ ta'a.}$$

b) Burtukaanni sadi sadi bakka 4 jiru jechuu dha.

$$3 \times 4 = 3 + 3 + 3 + 3$$

$$= 12 \text{ ta'a.}$$

Kanaafuu $3 \times 4 = 12 \text{ ta'a.}$

Gilgaala 3.1.5

Piroobileemota jechaa armaan gadii furi

- 1) Barataa Obsaan qalama shaniin hidhaman 18 yoo qabaate, walitti qalama meeqa qaba?
- 2) Gatiin dabtara tokkoo qarshii 20 yoo ta'e, dabtarri akkasii 10'n qarshii meeqa baasu?
- 3) Daree barnoota tokko keessatti barattoota 35tu barachuu danda'a yoo ta'e, dareewwan akkasii 5 keessatti barattoota meeqatu barachuu danda'a?
- 4) Huccuun tokko qarshii 100n bitama yoo ta'e, huccuu akkasii 6 qarshii meeqan bitama?
- 5) Aadde Badhaatuun ijoollee 6 qabu. Tokko tokkoo isaaniif burtukaana 5 yoo kennaniif, walumatti burtukaana meeqa kenniteef?
- 6) Shukkaarri kiiloogiraamiin tokko qarshii 16 yoo ta'e, gatiin shukkaara kiiloogiraamii akkasii:
 - a) 3 qarshii meeqa ta'a?
 - b) 4 qarshii meeqa ta'a?
 - c) 5 qarshii meeqa ta'a?
 - d) 6 qarshii meeqa ta'a?

3.2 Lakkoofsota Hundaa Hanga 100tti Jiran Haftee Malee Hiruu

3.2.1. Lakkoofsota Hanga 20tti Jiran 2'f Hiruu

Gocha 3.2.1

- 1) Burtukaanni 6 namoota lamaaf walqixatti yoo qoodame meeqa meeqa ga'a?
- 2) 18 bakka wal-qixa ta'e lamatti yoo qoodne, meeqa meeqa ta'a?
- 3) Kanneen armaan gadii keessaa kan haftee malee 2'f hiramutti mari.
 - a) 12, 14, 15, 17, 16 b) 10, 14, 13, 19, 20 c) 11, 18, 9

Hiikoo: Hiruun qoyyaboota herregaa keessaa tokko ta'ee adeemsa wanta tokko bifa wal fakkaataa ta'een garee ykn nama dhuunfaaf wal-qixa qooduuti.

Mallattoon hiruus “ ÷ “ dha.

➤ Hiruu adeemsa irra deddeebi'anii hir'isuun argama.

Fakkeenya:

- 1) Lakkoofsota armaan gadii Hiri.

a) $8 \div 2$ b) $12 \div 2$

Furmaata:

a) $8 \div 2 = \underline{\quad}$

$8 - 2 = 6$

$6 - 2 = 4$

$4 - 2 = 2$

$2 - 2 = 0$

Si'a 4 hir'isne, kanaafuu

$8 \div 2 = 4$ ta'a.

b) $12 \div 2 = \underline{\quad}$

$12 - 2 = 10$

$10 - 2 = 8$

$8 - 2 = 6$

$6 - 2 = 4$

$4 - 2 = 2$

$2 - 2 = 0$


Si'a 6 hir'isne, kanaafuu

$12 \div 2 = 6$ ta'a.

Hubadhu:a) **$6 \div 2 = 3$** jedhu keessatti $6 \rightarrow$ Hiramaa
 $2 \rightarrow$ Hirmaataa
 $3 \rightarrow$ Ga'ee jedhamu

c) $4 \div 2 = 2$

Kunis,



Gilgaala 3.2.1

1) Lakkoofsota armaan gadii bifa wal irraa Hir'isuun hiri.

a) $10 \div 2 =$ c) $2 \div 2 =$ e) $20 \div 2 =$

b) $16 \div 2 =$ d) $12 \div 2 =$ f) $18 \div 2 =$

2) Hiruun gabatee armaan gadii guuti.

$\div$	10	12	14	16	18	20
2						

3.2.2. Lakkoofsota Hundaa Hanga 100tti Jiran 1'f Hiruu**Gocha 3.2.2**

1) Kanneen armaan gadii tokkoof hiri.

a) $8 \div 1$ b) $15 \div 1$ c) $28 \div 1$ d) $44 \div 1$

e) $87 \div 1$ f) $95 \div 1$ g) $61 \div 1$ h) $99 \div 1$

i) $85 \div 1$ j) $88 \div 1$ k) $75 \div 1$ l) $50 \div 1$

Fakkeenya 1: lakkoofsota armaan gadii Hiri.

a) $1 \div 1$ b) $48 \div 1$ c) $80 \div 1$

Furmaata:

a) $1 \div 1 = 1$, sababni isaas $1 \times 1 = 1$ waan ta'eef.

b) $48 \div 1 = 48$, sababni isaas $1 \times 48 = 48$ waan ta'eef.

c) $80 \div 1 = 80$, sababni isaas $1 \times 80 = 80$ waan ta'eef.

Hubadhu 1) Lakkoofsa hundaa hanga 100 jiran 1'f hiruu jechuun lakkoofsa 1'n baay'atee deebisee lakkoofsichuma nuuf kennu barbaaduu jechuudha.

1) Lakkoofsa kamiyyuu tokkoof yoo hirre ga'een isaa lakkoofsichuma mataa isaa ta'a.

Gilgaala 3.2.2

1) Bakka duwwaa guuti.

a. $5 \div 1 = \square$ b. $9 \div 1 = \square$ c. $68 \div 1 = \square$ d. $40 \div 1 = \square$

2) Gabatee armaan gadii guuti.

$\div$	6	33	55	65	81	86	97
1							

3.2.3 Lakkoofsota hanga 100tti jiran 2 fi 10'f Hiruu

Gocha 3.2.3

1) Lakkoofsota armaan gadii Hiri.

- a) $100 \div 2$ c) $100 \div 10$ e) $50 \div 2$
 b) $28 \div 2$ d) $70 \div 10$ f) $80 \div 10$

2) Gabatee armaan gadii guuti.

$\div$	10	20	30	40	50	60	70	80	90	100
2										
10										

Fakkeenya 1: Shallagi

a) $96 \div 2$

b) $80 \div 10$

Furmaata:- a) $96 \div 2 = 48$ kuniis $48 \times 2 = 96$ waan ta'eefb) $80 \div 10 = 8$ kuniis $8 \times 10 = 80$ waan ta'eef**Hubadhu:**

1. Lakkoofsi hundaa hanga 100tti jiran 2'f haftee malee kan hiran yoo dijiitiin mana tokkee lakkoofsotaa kanneen akka 0, 2, 4, 6 fi 8 ta'e qofaa dha.
2. Lakkoofsi hundaa hanga 100tti jiran haftee malee 10'f kan hiran yoo dijiitiin mana tokkee "0" ta'e qofaadha.

Gilgaala 3.2.3

1. Lakkoofsota armaan gaditti kennaman hiruudhan bakka duwwaa irratti guuti.

a) $30 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

f) $94 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

b) $2 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

g) $90 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

c) $64 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

h) $100 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

d) $88 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

i) $10 \div 10 = \underline{\hspace{2cm}}$

e) $90 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

j) $50 \div 10 = \underline{\hspace{2cm}}$

3.2.4. Lakkoofsota Hundaa Hanga 100tti Jiran 3, 4, 5, 6, 7, 8 Fi 9'f Hiruu

Gocha 3.2.4

1) Kanneen armaan gadii hiri.

a) $9 \div 3$

f) $84 \div 7$

b) $36 \div 6$

g) $10 \div 5$

c) $96 \div 3$

h) $45 \div 9$

d) $8 \div 4$

i) $60 \div 5$

e) $48 \div 8$

Fakkeenya 1: Hiri.

a) $6 \div 3$

d) $24 \div 8$

b) $15 \div 5$

e) $36 \div 9$

c) $16 \div 4$

f) $63 \div 7$

Furmaata:

a) $6 \div 3 = 2$ kuniis $2 \times 3 = 6$ waan ta'eef

b) $15 \div 5 = 3$ kuniis $3 \times 5 = 15$ waan ta'eef

c) $16 \div 4 = 4$ kuniis $4 \times 4 = 16$ waan ta'eef

d) $24 \div 8 = 3$ kuniis $3 \times 8 = 24$ waan ta'eef

e) $36 \div 9 = 4$ kuniis $4 \times 9 = 36$ waan ta'eef

f) $63 \div 7 = 9$ kuniis $2 \times 3 = 63$ waan ta'eef

Gilgaala 3.2.4

1) kanneen armaan gadii hiri.

a) $18 \div 3$

b) $30 \div 5$

c) $28 \div 7$

g) $96 \div 8$

d) $81 \div 9$

h) $100 \div 5$

e) $95 \div 5$

i) $96 \div 4$

f) $72 \div 6$

2) Gabatee hiruu armaan gadii guuti.

$\div$	6	12	24	36	72	84
3						
6						

3.2.5 Pirobileemota Jechaa Lakkoofsota Hang100tti Jiran Hiruun Furaman

Gocha 3.2.5

- Daldaalaan tokko Burtukaana 64 qaba. daldaalaan kun bifa wal-qixa ta'een burtukaana kana namaaf qooduu yoo barbaade;
 - Nama tokkoof burtukaana meeqa kennuu danda'a?
 - Nama 2'f hoo?
 - Nama 4'f hoo?
 - Nama 8'f hoo?
- 70 yommuu 7'f hirru ga'een isaa meeqa?
- Qorkii 54 qabdu tokko bifa wal-qixa ta'een iddoo 9tti yoo qoodde, meeqa ta'a?

Fakkeenya :

- Fageenyi Birbirsaa Gooroo hanga magaalaa Bishooftuu jiru Kiiloommeetira 48 yoo ta'e, fageenya kana bifa wal fakkaatuun bakkeewwan armaan gadiitti qooduun qoqqooddama isaa barbaadi.


a) Bakka wal-qixaa 2tti

c) Bakka wal-qixaa 4tti

b) Bakka wal-qixaa 3tti

d) Bakka wal-qixaa 6tti

Furmaata: Mee argama iddoowwan kanaa haala armaan gadiitiin yoo ibsine;

a) $48 \div 2 =$ kiloometira 24b) $48 \div 3 =$ kiloometira 16c) $48 \div 4 =$ kiloometira 12d) $48 \div 6 =$ kiloometira 8e) $48 \div 8 =$ kiloometira 6

Gilgaala 3.2.5

1) Tolasaan qarshii 80 boorsaa isaa keessaa qaba. Qarshii kana bifa wal fakkaatuun baay'ina namoota armaan gadiif yoo qoode, ga'ee isaanii barbaadi.

a) Nama lamaaf

b) Nama afuriif

c) Nama saddeetiif

d) Nama shaniif